# Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

**Volume 4, No.2, June 2021**
**https:journals.ju.edu.et**

**e-ISSN: 2616-3985**
**p-ISSN: 2616-3977**

**A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University**

*Full Length Research Paper*

# Xiinxala Adeemsa Moggaasa Jechootaa: Jechoota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo Moggaaserratti kan xiyyeeffate

Damee Abarraa*[1], Wandimmuu Taganyee[2] (PhD)-fi Guddataa Abdiisaa[3] (PhD)
Email: demeabera440@gmail.com
[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaatti Kaadhimamaa PhD
[2]Yuunivarsiitii Yuunivarsiitii Amboo Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
[1]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

Submission Date: February 04, 2021
Acceptance Date: June 20, 2021

## Axareeraa

*Qorannoon kun adeemsa Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jechoota afaanichaa ittiin moggaasu xiinxaluu irratti xiyyeeffate. Iddattoowwan adda addaa irraa ragaalee ibamuu qaban walitti qabuuf waan gargaaruuf, saxaxni ibsaa hojiirra oolee jira. Maddi ragaalee isaa ammoo, tokkoffaafi lammaffaadha. Malli iddatteessuu iddattoowwan filachuudhaaf hojiirra oole, kaayyeffataadha. Ragaaleen madda tokkoffaa bargaaffiifi afgaaffii gartokkeen caaseffamaatiin walitti qabamani. Kan madda lammaffaa garuu, sakatta'a kuufatootaatiin funaanamani. Ragaalee funaanaman xiinxaluuf malli qorannoo hojiirra oole, mala qorannoo walmakaati. Firiin secca'a ragaalee adeemsisuudhaan argame akka agarsiisutti ogeeyyiin Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo keessatti hirmaatan xalayaadhaan biiroolee Oromiyaa adda addaa irraa walitti waamamu. Isaanis ogeeyyii xiinqooqaati. Bakka ogeeyyiin xiinqooqaa dhabamanitti kanneen ogummaa itti dhi'eenyaatu qabanitu filatama. Isaanuma keessaayyuu, kan fedhiifi kutannoo qabutu argama. Kanaafuu, adeemsa ijaarama miseensotaa garee kana irratti ogeeyyii dirree qo'annoofi looga afaanichaa adda addaa keessaa ba'an hanga barbaachisuun hirmaachaa hinjirani. Akkasumas, miseensonni bifa kanaan ijaaraman jechoota moggaasaman akkuma argatanitti walitti qabu. Mudannoofi rakkoolee argan bu'uura godhatanii yaadannoo qabachuudhaan funaanu. Sana booda, ga'umsa jechoota funaanamanii yaa'ii gareetu mariidhaan mirkaneessa. Itti aanee, kora waggaatti haal tokko waamamee guyyoota lamaaf taa'utu ga'umsa jechoota waggaa tokkoof walitti qabamanii raggaasisa. Haata'u malee, yaai'iis ta'ee, kora irratti ulaagaaleen safarrii ga'umsi jechootaa ittiin mirkanaa'u yookaan raggaasisamu hinjirani. Mariifi walii galteedhaan hojjatama. Haaluma kanaan, gareen kun erga ijaaramee jalqabee hanga ammaatti (waggootii 26 keessatti) jechoota 1,959 moggaasee maxxansiisee jira. Waggaatti giddu galeessaan jechoota 75 moggaasaa ture jechuudha. Kun muuxannoo jiruun walbira qabamee yoo ilaalame, ga'aa miti. Walumaa galatti, adeemsi ijaarama garee hirmaachisaa ta'uu dhabuun, qajeelfamni hojii adeemsa moggaasaa dhabamuufi yeroon mirkaneeffannaa ga'umsa jechootaa gabaabaa ta'uun saffisa adeemsa moggaasaa miidhee jira. Kun ammoo, adeemsa waaltina Afaan Oromoo kan gufachiisu ta'a. Kana hambisuuf, gareen ogeeyyii dirreewwaniifi looga afaanichaa adda addaa keessaa walitti dhufan irraa bifa dhaabbataa ta'een osoo ijaaramee gaarii ta'a. Qajeelfama saayinsawaa hojiichaa barbaachisu qopheessuunis adeemsa hojichaa milkeessuu keessatti gahee olaanaa taphata.*

**Jechoota Ijoo**: Adeemsa, Afaan Oromoo, moggaasa, ogeeyyii, jechoota



---

* Corresponding author (PhD, Candidate)

## Abstract

*This study was conducted to analyze the process used by the Afan Oromo Terminology and Standardization Research Group to develop the language's words. A descriptive study design and purposive sampling methods were used to attain this goal. Also, primary data was acquired through questionnaire and interviews, while secondary data via document analysis. A mixed research technique was utilized to analyze the data obtained. The results of the data analysis revealed that the members of the Afan Oromo Terminology and Standardization Research Group who develops new words or terms are chosen and invited via letters from various Oromia Bureaus. It was also found out that being a linguist is the most important criteria for getting chosen and invited. However, only when no one else meets this requirement the associated experts are chosen. From the chosen few interested and dedicated people take part in the process. As a result, variety from diverse professions and Afan Oromo base dialects were not considered in the establishment of developers' groups. The group members select words based on the events and problems they come across. Then, meet in group to examine the quality of the words they've collected and decide. Finally, the group presents all of the picked words or terms at a two-day yearly conference and guarantees publication. The data study also revealed that word choices and development, as well as conference approval, are done without any set guidelines. In addition, it was noted that every procedure is carried out by consensus of the group members. However, the group has produced and published 1,959 words in the 26 years since its inception. This indicates that on average, 75 words are developed per year. The quantity of developed words is not adequate when compared to other languages' experiences. In general, it is reasonable to conclude that a lack of multidisciplinary and linguistic base dialect representatives in group creation is impeding the development of Afan Oromo words and terms. Furthermore, a lack of procedural rules might stymie the development process. This might be a stumbling block to this linguistic standardization. Therefore, it is suggested that scientific guidelines to be created for each and every procedure. Moreover, a multidisciplinary and balanced sociolinguistics approach should be employed to build a group that can address the aforementioned problems.*


**Keywords**: Afaan Oromoo, process, terminology, professionals, words

## 1. Seensa

Afaan Oromoo afaanota ballinaan dubbataman keessaa tokko. Afaanota addunyaarra jiran 4% (kanneen dubbattoota 1,000,000 ol qaban) keessatti ramadama (Wolff, 2017, f. 6-7). Itoophiyaa keessatti namoonni miliyoona 40 ol ta'an akka afaan dhalootaatti dubbatu (Mohammed, 2010). Uummatoonni Oromoo waliin jiraatan baayyeenis akka afaan dabalataatti dubbatu (Wondimu, 2019, f. 19). Kanaafuu, afaanichi dubbattoota baayyee qabaachuudhaan Itoophiyaa keessatti sadarkaa tokkoffaarraa jira (CSA, 2007). Itoophiyaadhaan alatti Somaaliyaafi Keeniyaa keessatti ni dubbatama (Kebede, 2009, f. 1). Akka Tilahun (2015) ibsutti biyyoota kunneen keessatti afaan daldalaati (f. 242). Itoophiyaafi Oromiyaa keessattis akkasuma (Wondimu, 2016, f, 8; Samuel and Welde, 2017, f. 102).

Afaan Oromoo sadarkaa olitti ibsame qabu kun hanga 1991tti Itoophiyaa keessatti carraa guddachuu hinarganne. Kanaafuu, waalta'uu hindandeenye. Haata'u malee, bara 1993 Oromiyaa keessatti afaan barnoota sadarkaa tokkoffaafi kan sadarkaa hundatti akka gosa barnootaa tokkootti barsiisamuu ta'e (Mekonnen, 2002, ff. 3-4). Kanaan walqabatees, rakkooleen tajaajilamtoota mudatani. Rakkoolee sanneenn keessaa inni tokko jechoota yaadrimeewwan adda addaa ittiin ibsan dhabudha. Kana furuuf, Biiroon Aadaafi Ispoortii Oromiyaa, kan yeroo ammaa Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa jedhamu Gumiin Qormaata Afaan Oromoo, kan amma Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jedhamu ijaare (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, ff. 1-3). Garee kanatu jechoota barbaadaman moggaasuuf itti gaafatamummaa seeraa fudhate jechuudha (Warquu, 2001, f. 188).

Akka Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) ibsanitti Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ogeeyyii biiroolee Oromiyaa hunda keessaa walitti babba'aniifi hayyoota Afaan Oromoo irraa Adoolessa, bara 1993 ijaarame (ff. 63-64). Akka garee kanaatti moggaasuun jechoota waaltina Afaan Oromootiif tumsan dhi'eessuudha (Abarraafi Hayilamaaram 1989, f. 1, 116). Kana booda gareen kun jechoota adda addaa moggaasee Barruulee Wiirtuu irratti maxxansiisa turee jira (Abarraa, 1991, f. 188). Waraqaan kunis hojiiwwan gareen kun hojjatu baayyee keessaa adeemsa gareen kun jechoota yeroo moggaasu keessa darbu xiinxaluurratti xiyyeeffate.

### 1.1 Ka'umsa Qorannichaa

Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo waggootii 26 oliif jechoota Afaan Oromoo moggaasaa turee jira. Garuu, yeroo ammaa kana afaanichi jechoota dirree ogummaa adda addaa keessatti tajaajilan hanga barbaadamuun ni qaba jechuun nama dhiba. Kanneen moggaasaman ilaalchisees hanqinoonni akka jiran hayyoonni ibsan jiru. Fakkeenyaaf, Desalegn (2020) haala adeemsa moggaasa jechoota Afaan Oromoo keessa jiru yoo ibsu, "… superfluous borrowings are attested in Oromo despite the existence of native equivalent in the language," jedha (f. 259). Kana jechuun Afaan Oromoo jechoota mataa isaa osoo qabuu, gareen jechoota filatu akka waan hinqabneetti jechoota afaanota biroo baayyee ergifatee moggaasee faayidaaf oolchaa jira jechuudha. Akka Tekabe (2010) ibsettis, dhimmi ga'umsa jechoota dirree ogummaa barnoota Fiiziksii kan gadaanaa taasise haaluma kana fakkaata. Rakkooleen akkanaa kan uumaman, namoonni jechoota filatanii moggaasan ogeeyyii dhimmoota adda addaa irratti hubannoo hinqabneefi ga'umsa jechootaa filatamanii mirkaneessuu hindandeenye yoo ta'an akka ta'uu malu shakkii uume.

Akkasumas, Wondimu (2016) facaa'insi jechoota looga Afaan Oromoo gosa barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti, bifa waaltawaa ta'een (walmadaaluun) galanii tajaajila kennaa akka hinjirre ibse. Kun ammoo, jechoonni kan moggaasamaa jiran namoota ogeeyyii looga Afaan Oromoo hunda keessaa ijaaramaniin (akka Mekonnen 2002, f. 32 ibsutti) yoo hintaaneefi akkaataan adeemsi jechoota filatanii moggaasuu hirmaachisummaa yoo hinqabaanne kan mullatu ta'a yaada jedhu dhufe. Walumaa galatti, haalonni kunneen ciicata waaltina Afaan Oromoo keessaa tokko kan ta'e, adeemsi moggaasa jechoota Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo hordofu qoratamuu akka qabuuf ka'umsa ta'ani. Kanuma irraa ka'uudhaan adeemsa moggaasaa jechoota Afaan Oromoo xiinxaluun barbaachise jechuudha. Gaaffileen bu'uuraa qorannichaatis kanneen armaan gadiiti:

1. Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo akkamitti ijaarame?
2. Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jechoota moggaasu akkamitti filataa jira?
3. Gareen Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ga'umsa jechoota moggaasuuf filatee akkamitti mirkaneeffata?

### 1.2 Gumaacha Qorannichaa

Qorannoon kun ka'umsa adeemsa waaltina Afaan Oromoo kan ta'e, adeemsa moggaasa jechoota irratti xiyyeeffatee adeemsisame. Kanaafuu, qaamoleen adda addaa arganii yoo dubbisan, kallattii adda addaatiin irraa fayyadamuu ni danda'u. Fakkeenyaaf,

1. Biiroon Aadaafi Turiizimii Oromiyaafi Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo sadarkaa saayinsaa'ummaa adeemsa jechoonni Afaan Oromoo ittiin moggaasamaa jiranii irraa hubachuu ni danda'u; hanqinoota mullatanis fooyyessuuf akka hojjataniif akka ka'umsaatti ni garagaara.
2. Qaamoleen jechoota moggaasaman tajaajilamaa jiran adeemsa jechoonni Afaan Oromoo ittiin moggaasamaa jiran irraa baruudhaan gumaacha gama isaaniitiin taasisuu qaban taasisuuf kaka'uu (si'aa'uu) ni danda'u.
3. Hayyoonni gara fuulduraatti mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo geggeessan qorannoo kana akka madda tokkootti itti fayyadamuu ni danda'u.

## 2. Sakatta'a Barruuwwanii

Afaan Oromoo afaan hojiifi afaan barnootaa ta'uuf mirga kan argate bara 1991 booda. Yeroo sanatti hanqinoota adda addaa guutuun barbaachisaa ture (Mekonnen, 2002; Tilahun, 2018). Hanqinoota yeroo sanatti mullatan keesaa kanneen akka qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuufi jechoota moggaasuun isaan ijoodha. Akka Haugen (1966) ibsutti adeemsa waaltina afaan tokkoo keessatti qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuun gulantaa tokkoffaadha (f. 252). Jechoota moggaasuun gulantaa (sadarkaa) lammaffaati.

Akkasumas, akka Wolff (2000) ibsutti qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuun murteessuudha (f. 333). Kanaan walqabatee hayyoonni Oromoofi kanneen biroo bara 1991 dura qubee Afaan Oromoo murteessuuf tattaaffii adda addaa taasisaa turan jiru. Isaan keessaa Bakir Saphaloofi Onesmoos Nasiib maqaa dha'uun ni danda'ama (Nuraddin, 2012, f. ii; Mekuria, 1995, f. 44; Baye, 1992, f. 3). Haata'u malee, akka Abraham, Huang and Liu (2014) ibsanitti Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) Sadaasa 3, bara 1991 qubee yeroo ammaa Afaan Oromoo ittiin barreeffamaa jiru kana, beektota walga'ii waamuudhaan walii galtee hundaatiin qubee Afaan Oromoo akka ta'u murteessise (f. 1818). Hanqinni gama qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuutiin walqabatee ture kanumaan furmaata argate jechuudha.

Kanatti aanee kan furmaata barbaade, jechoota moggaasuudha (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995). Yeroo sanatti inni kunis fala argachuu qaba waan ta'eef, hojiifi dirqamni isaa akkuma jirutti Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaatiif akka kennamu ta'e. Biiroon kunis Adoolessa, bara 1993 Koree Waaltina Afaan Oromoo hundeesse. Koreen kun yeroo ammaa Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jedhama. Akka ibsa isaaniitti miseensonii garee kanaa bakka bu'oota biiroolee Oromiyaatiifi hayyoota Afaan Oromooti. Kana jechuun garee kana keessa ogeeyyiin direewwan adda addaa ni jiru jechuudha. Hojiin isaaniitis jechoota hojii biirootiifi barnootaaf barbaachisan moggaasuudhaan Afaan Oromoo waaltessuudha (ff. 63-64).

Ogeeyyiin Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo dirreewwan adda addaa irraa akka ijaaraman ibsame kunneen jechoota moggaasuu keessatti haqinoota walii guutuudhaan afaan guddisuu akka danda'anitti yaaduun ni danda'ama. Akka Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) ibsanitti, jechoota moggaasuun dameelee afaan ittiin guddachuu danda'u keessaa tokko. Moggaasuun waan tokkoof maqaa baasuudha. Aadaa haarawa ibsuuf, beeksisuuf jechaan bakka buusuudha (f. 25). Kanas ta'ee, adeemsi jechoota moggaasuu kallattiiwwan lamaan ilaalama.

Adeemsa jechoonni ittiin moggaasaman keessaa tokko kan haala yaadrimeen jechi moggaasamuufii qabu keessatti nama mudate irratti hundaa'uudha. Inni biraa ammoo, walii galtee fayyadamtootaa irratti hundaa'uudhaan kan madaqsuudha. Lamaan isaanii keessaa isa lammaffaa kanatu tokkummaa, waaltinaafi walfakkina jechoota moggasamaniitiif gahee olaanaa qaba (UNESCO, 2005, ff. 8-11). Haala fayyadamtootaa irratti hundaa'uudhaaf carraan kan argamus, yoo fayyadamtoonni jechoota moggaasamanii diree moggaasaa keessa jiraatan (keessatti hirmaatan) qofa.

Dabalataanis, Almaz (2018) hojiin afaan waaltessuu akka milkaa'uuf, adeemsa hordofamuu qabu yoo ibsitu, "In order to frame successful language standardization, sociolinguistics should take a balanced and multidisciplinary approach," jetti (f. 41). Kunis waaltina afaanii milkaa'e adeemsisuuf, maleenya ogummoota adda addaa bifa walgituun hirmaachisu hordofuun akka barbaachisu agarsiisa.

Valeontis and Mantzari (2006) sababa hirmaannaan fayyadamtootaa barbaachisuuf yoo ibsan, "Not only because terminology is the intersection of various fields of knowledge, but mainly because it borrows the fundamental instruments and concepts of several different disciplines (e.g. logic, ontology, linguistics, information science, and others), adapting them accordingly in order to cover its own specific requirements," jedhu (f. 2). Ibsi kun dirreen moggaasa jechootaa wiirtuu hirmaannaa kan yaadrimeefi beekumsi karaalee adda addaa keessatti walitti dhufuun dhimma barbaadamu galmaan ga'an ta'uu agarsiisa.

Kana malees, jechoota moggaasuu keessatti bakka buutonni hawaasa bakka adda addaa jiranii hirmaachuu qabu. Akka Almaz (2018) ibsitetti hawaasni afaanichaa adeemsa waaltina afaan isaa keessatti si'aa'inaan yoo hirmaate, qaamni afaanii waaltinaaf dhi'aate sun dafee fudhatama argachuu danda'a (f. 34). Akka Mekonnen (2002) ibsutti, maleenyi Afaan Oromoo ittiin waalta'aa jiru, kan looga afaanichaa hundaaf carraa waaltinaa kennu jechuun ni dnda'ama (f. 32). Akka inni heeretti, looga Afaan Oromoo keessaa kanneen akka bu'uuraatti adda ba'an 8. Isaanis, looga Tuulama, looga Maccaa, looga Harargee, looga Baalee-Arsii, looga Booranaa, looga Gujii, looga Walloofi looga Raayyaati (f. 23).

Kanaafuu, ogeeyyii looga bu'uuraa kanneen keessaa filachuudhaan waliin hojjachiisuun barbaachisaadha. Ogeeyyiin dirreewwan ogummaa adda addaa irraa bifa kanaan ijaaraman kunneen ulaagaalee bocaman irratti hundaa'uudhaan jechoota Afaan Oromoo filuu danda'u. Ulaagaalee isaanii baayyina dubbattootaa, deddeebii, aslummaa, qusatamummaa, iftoomina, barreeffamuu,

maxxanfachuu, beekamtii sabaa himaalee qabaachuufi haala yeroo waliin deemuu ta'uu danda'u (Mekonnen, 2002, f. ii; Warquu, 2001, ff. 198-199).

Akka Yule (2010) ibsetti jechoonni afaan tokkoo karaalee adda addaatiin filatamanii, moggaasamanii, gara afaanichaatti galuu ni danda'u. Ogeeyyiin afaan sanaan hojjatan karaalee adda addaatiin jechoota filanii yookaan ijaaranii gara afaanichaatti dabalu. Isaanis dhuftee bu'uura godhatanii barbaaduudhaan, uumuudhaan, makuudhaan, tishessuudhaan, gabaabsuu yookaan kottoonfachiisuudhaan, maxxanfachiisuudhaan, garee jijjiiruudhaan, adeemsa dheeraa keessa dabarsuudhaan yookaan ergifachuudhaan ta'uu danda'a (f. 53). Akka Warquu (2001) ibsutti moggaasuufi madaqsuunis karaalee dagatamuu hinqabne (f. 199).

Adeemsa jechoota moggaasuu keessatti carraan jechoota baayyee irraa jecha tokko ijaaruudhaan moggaasuu akka jiru Samuel (2017), "In the case of scientific publication, however, complex terms even made up of five or six words, are tolerable," jechuudhaan ibsa (f. 31). Kanaafuu, jechoonni bifa kanaan uumaman unka jechaa yookaan kan gaalee qabaachuu ni danda'u jechuudha. Akkasumas, jechoonni moggaasaman malleen keessaa yookaan malleen alaatiin filatamuu ni danda'u (Desalegn, 2020). Malleen keessaa jechoota moggaasan afaanicha keessa sirriitti barbaaduufi achuma keessaa ijaaruu gaafata. Jechootuma afaanichaa ga'oomsuuf hojjachuudha. Kun cimina. Malleen alaa jechoota afaan biraa ergifachuudha. Keessattuu osoo qabanuu ergifachuun guddina afaan jechi moggaasamuuf sana waan miidhuuf kan jajjabeessamu miti (f. 259).

Walumaa galatti, adeemsi moggaasa jechoota afaan tokkoo adeemsa dheeraa keessa darbuudhaan kan raawwatu ta'uu, yaadolee armaan olitti dhi'aatan irraa hubachuun ni danda'ama. Kan Afaan Oromootis kan keessa darbe yookaan darbaa jiru qaba. Haata'u malee, qorannoo tokkottii kanaan adeemsa hunda ilaaluun waan ulfaatuuf, adeemsi ijaarama Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo, adeemsi gareen ijaarame jechoota ittiin filatuufi ga'umsa mirkaneessee moggaasu xiinxaluun barbaachisaa ta'e.

## 3.Malleen Qorannichaa

Gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf ragaaleen kuufatoota sakatta'uu, bargaaffiifi afgaaffiidhaan walitti qabamani. Ragaaleen malleen kunneeniin walitti qabamanis jechootaafi lakkoosaan (gabateefi giraafiidhaan) dhi'aatanii, xiinxalamanii ibsamanii jiru. Kanaafuu, malleen qorannoo kanaaf hojiirra oolan kan ibsaa ta'anis, saxaxni isaa makaadha. Maddi ragaalee ammoo, tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaalee tokkoffaan hayyoota dureewwan Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ta'aniifi turaniifi miseensota garichaati. Maddi ragaalee lammaffaan Barruulee Wiirtuu jildii 1-12 hunda. Hayyoonnis ta'ee, barruuleen filataman hundinuu hunda caalaa madda ragaalee deebii gaaffilee qorannoo kanaa waan ta'aniif, mala iddatteessuu kaayyeffataatiin filatamani.

Ragaalee qorannoo kanaa argachuuf, bara 2013 jalqaba irratti Barruuleen Wiirtuu sakatta'amanii xiinxalamanii jiru. Waa'ee jechoota moggaasamanii baruudhaaf, kanneen iddattoo qorannichaa

ta’an hundi gad faggeenyaan dubbisamanii yaadannoon barreeffamaan irraa walitti qabatame. Dhimmoonni adeemsa moggaasaatiin walqabatee qulqulleeffannaa barbaadan kan adda ba’an odeeffannoo mala kanaan walitti qabaman irratti hundaa’uudhaani. Kana booda, gaaffileen afgaaffiifi bargaaffiitiif oolan kanneen gartokkeedhaan caasefammaa ta’an qophaa’ani.

Itti aansuudhaan bargaafiin gaaffilee 69, kan bakka duwwaa 138 qabu odeefkennitoonni (miseensota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo) 8 ta’aniif karaa marsariitii ergame. Odeefkennitoonni 7 deebisanii jiru. Odeeffannoon karaa kanaan walitti qabame kan mirkaneeffannaa seenduubee miseensota garee jechoota moggaasuu adda baasuudhaaf oole waan ta’eef, kan deebisuu dide dhiibbaa fide hinqabu. Akkasumas, namoonni deebisan ogeeyyii yeroo dheeraadhaaf miseensa Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo turan, ta’aniifi kanneen waa’ee ogeeyyii maxxansa Barruulee Wiirtuu irratti hirmaatanii beekaniifi odeeffannoo kennuu danda’ani waan ta’eef, ragaaleen argaman amansiisoodha.

Kana booda, ragaaleen walitti qabaman kan afgaaffiiti. Gaafileen afgaaffii irratti dhi’aatan 5. Hundi isaanituu gartokkeedhaan caaseffamaadha. Kanneen gaaffilee kanneeniif deebii kennani ogeeyyii Biiroo Aadaafi Turiizimii jalatti miseensa Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ta’an, ogeeyyii, Duree Koree Waaltina Afaan Oromoo turaniifi ta’ani akkasumas, kanneen akka miseensaatti hirmaatan keessaa Duree Koree Sirna Barnootaa Biiroo Barnoota Oromoiyaati. Baayyinni isaanii 6. Qaamoleen kunneen deemsa moggaasa jechoota Afaan Oromoo keessatti yeroo dheeraadhaaf akka miseensaa, ogeessaa akkasumas, akka geggeessituu garee kanaatti tajaajilaa turanii jiru. Kanaafuu, dhimmoota gaaffilee qorannoo kanaatiif deebii ta’an isaan caalaa kan beeku hinjiru jechuun ni danda’ama. Kana irraa ka’uudhaan bara 2013 ji’a Fuulbanaa hanga Amajjiitti, nama tokko malee hunda isaanii irraa ragaaleen bilbilaan walitti qabamani. Kanneen hundaatuu sagaleen waraabamee jira.

Dhumarrattis, gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf ragaaleen jalqabaa kuufatoota irraa walitti qabaman ga’umsa gaaffilee bu’uuraa deebisuu irratti qaban irratti hundaa’uudhaan kophaatti secca’amani. Ragaaleen bargaaffii qophaa’een funaanamanis, kallattii gaaffilee bu’uuraatiin ilaalaman. Sana booda, gaaffileen afgaaffiidhaan walitti qabaman ilaalamani. Itti aansuudhaan ragaaleen malleen sadaniin walitti qabaman walkeessa makamanii xiinxalamanii ibsamuudhaan, ragaaleen gaaffilee bu’uuraa deebisuu danda’an adda ba’ani. Adeemsa kana keessatti adeemsonni jiran adda ba’anii muuxannoo hayyoonni tokko tokkoo dhimmootaatiin walqabsisanii ibsan waliin walitti fiduudhaan akka hubannoo horachiisuu danda’anitti kaa’amanii jiru.

## 4. Dhi’eessaafi Xiinxala Ragaalee

Mata duree kana jalatti mata dureewwan xixiqqaa saditu walduraa dubaan dhi’aate. Kan jaqabaa, adeemsa ijaarama ogeeyyii jechoota Afaan Oromoo moggaasanii kan ilaallatu. Kan lammaffaa, akkaataa ogeeyyiin jechoota moggaasan itti filatan kan bu’uureffate. Inni dhumaa, akkaataa ga’umsi jechoota maggaasaaf filatamanii yookaan ijaaramanii itti mirkanaa’an kan ilaallatu. Haaluma xiyyeeffannaa isaanii irratti hundaa’een, ragaaleen gaaffilee qorannoo adeemsa moggaasa jechootaatiin walqabatan deebisuu danda’an jechoota, gabateefi giraafiidhaan dhi’aatanii, xiinxamanii, ibsamanii jiru.


### a. Ijaarama Ogeeyyii Moggaasa Jechoota Afaan Oromoo

Akka ragaaleen xiinxala kuufatootaatiin walitti qabaman agarsiisanitti, Biiroo Aadaafi Turiizimii jalatti Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo akkaataa miseensota ittiin horatu ni qaba. Akka Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) ibsanitti gareen kun ogeeyyii biiroolee Oromiyaa hunda keessaa walitti dhufan irraa ijaarame (ff. 63-64). Mekonnen (2002) akkasuma jedha (f. 73). Akka yaada hayyoota kanneeniitti miseensonni koree kanaa yoo xiqqaate hanga biirooleen Oromiyaa baayyatan baayyatu jechuudha. Fakkeenyaaf, akka Labsii Caffee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa (LQRMNOG) Lakk.199/2008 ba'eetti manneen hojii dhimmi kun ilaallatu 42 ta'u. Kanaafuu, miseensooni garee biiroolee kunneen irraa dhufan yoo xiqqaate hanga kana (42) ta'uu danda'u jechuudha.

Haa ta'u malee, akka ragaaleen afgaaffiidhaan argaman agarsiisanitti baayyinni miseensota garee moggaasa irratti hirmaatanii gadaanaan 4, olaanaan 18. Akka ragaaleen Barruulee Wiirtuu Jildii 1-12 sakatta'uufi bargaaffiidhaan walitti qabaman agarsiisanitti ogeeyyiin Barruulee Wiirtuu irratti gulaaltotaafi qindeessitoota ta'uudhaan hirmaatan 22. Kanneen keessaa ogummaan ogeeyyii 21 adda baasuun danda'amee jira. Akka ragaaleen argasiisanitti ogeeyyii 21 keessaa 20 (%95.23) warra ogummaa saayinsii hawaasaa qabani. Isaanuma keessaa ammoo, kanneen ogummaa naannoo afaaniifi aadaa, ogumaa, tiyaatiraafi qaroolaa qaban adda yoo ba'an, 19 (%95) ta'u. Gaheen saayinsii uumamaa 1 (%4.76) ta'a jechuudha.

Akkasumas, akka ragaaleen bifuma walfakkaatuun (sakatta'a kuufataafi bargaaffiidhaan) walitti qabaman irraa hubatamutti ogeeyyii Barruulee Wiirtuu irratti carraa qorannoo maxxansiisuu argatan 69 keessaa 60 ogummaa maal maalii akka qaban adda ba'ee jira. Ogeeyyii kanneen keessaa kanneen 58 (%96.66) ta'an kan saayinsii hawaasaati. Isaanuma keessaa ammoo, 55 (%94.82) kanneen ta'an ogeeyyii afaanii, ogumaa, qaroolaafi tiyaatiraati. Kanneen ogummaa damee saayinsii uumamaa qaban hunda keessaa namoota 2 (%3.33) qofa jechuudha.

Ragaalee sakatta'a kuufatootaafi bargaaffiidhaan walitti qabaman irratti hundaa'uudhaan hangi tokko tokkoo miseensota ogeeyyii garee saayinsii hawaasaa jala jiraniillee giraafiidhaan yoo ibsamu kan armaan gadii kana:




Giraafii 1: Hanga hirmaannaa ogeeyyii saayinsii hawaasaa jechoota moggaasuu keessatti qabu

Akuma Giraafii 1 irraa hubatamutti, ijaarama garee moggaasa jechootaa keessatti hirmaachisummaan ogummaa dirreewwan adda addaa bifa hunda walqixa qooda fudhachiiseen hojiirraa hinoolle. Akkasumas, Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) akkaataa hojii hojjatamuuf yaadamee yoo ibsan, "…jechoota haarawwan birookraasiif, saaynisiifi teknolojii kan iddoo giddu galeessa ta'e tokkotti ogeessonni afaanii walga'anii mari'atanii erga walamansiisaniin booda moggaasaniis ummataaf raabsuu qabu. …torban keessatti sa'aa sadiif walgeettii godhuun jechoota… moggaasuu itti fufe," jedhu (f. 69). Yaanni kunis namoonni hirmaachaa turan ogeeyyii afaanii ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, karoorriifi raawwiin garee kanaa kan walsimatuu miti (ff. 63-64).

Dabalataanis, odeefkennitoonni afgaaffii hundi gaaffilee ogummaa miseensota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo gaafatamnaan irra jireessatti ogeessoonni xiinqooqaa akka filataman, yoo isaan dhabaman kan itti dhi'eenya qaban akka ta'u, ibsani. Ogeeyyiin biiroolee Oromiyaa biroo irraa xalayaadhaan akka ergaman gaafatamanis kanneenuma ta'uu mirkaneessani. Fakkeenyaaf, miseensi garee jechoota moggaasu kana keessatti hirmaachuudhaanis ta'ee, geggeessudhaan muuxannoo yeroo dheeraa qabu tokko afgaaffii gaafatameef deebii yoo kennu, "Ogummaadhaan, warra xiinqooqaati filanna. Ogbarruunis ni gargaara. Ni gargaara malee, murteessaa miti. Namoota akkasii dura nutu filata. Ni heerra. Sana booda xalayaadhaan waamna," jedhe. Ragaan kun kan olitti qindaa'ee giraafiidhaan dhi'aate waliin tokko jechuudha. Walumaa galatti, ragaalee kuufatoota sakatta'uu, bargaaffiifi afgaaffiidhaan argaman kanneen irraa dhimmi hubatamu ogeeyyiin jechoota moggaasaa turan kan xiinqooqaa, bakka dhabametti kan ogumaafi kan afaanii ta'uudha.

Haata'u malee, akka saayinsii moggaasa jechootaatti gareen kun ogeeyyii dirree adda addaa keessaa dhufan irraa qindaa'uu qaba. Fakkeenyaaf, yaanni kun UNESCO (2005) irratti "…terminology science is a highly interdisciplinary field. Terminology practice, therefore, necessitates the cooperation of experts from several domains," jedhamee jira. Kana jechuun, "…saayinsiin qo'annoo moggaasa jechoota sadarkaa olaanaadhaan ogummoota walkeessa jiran (ogummoota adda addaa) barbaada. Walii galanii, waliin hojjachuu ogeeyyii dirreewwan adda addaati barbaachisa," jechuudha f. 12).

Kana malees, Warquu (2001) waaltinni Afaan Oromoo garee miseensota ogummaa adda addaa qabaniifi looga afaanichaa adda addaa keessaa waliiti dhufanii ijaaramaniin adeemsisamaa akka jiru yoo ibsu, "Oromo language is undergoing the formal (deliberate) standardization process, through a committee functioning under OCTB whose members are from different Oromo dialects and occupational sectors," jedha (f. 194). Akka yaada kanaatti gareen jechoota Afaan Oromoo moggaasu ogeeyyii adda addaa, kanneen looga afaanichaa adda addaa keessaa walitti dhufan jedhanii yaaduun ni jiraata.

Akka ragaaleen bargaaffiidhaan walitti qabaman agarsiisanitti garuu, ogeeyyiin jechoota Afaan Oromoo moggaasan bifa barbaadamuun kan hirmaatan miti. Fakkeenyaaf, ogeeyyii maxxansa Barruulee Wiirtuu irratti hirmaatan 66 keessaa namoonni 31 (%46.96) looga Maccaa, 14 (%21.21) looga Tuulama, 12 (%18.18) looga Arsii Baale, 8 (%12.12) looga Harargee, 1 (%1.51) looga Gujii keessaa akka ta'an agarsiisa. Kanneen moggaasa jechootaa irratti hirmaachuudhaan beekamanis

kanneenuma. Kana irraa ka’uudhaan ogeeyyiin looga Raayyaa, Walloofi Boorana keessaa ba’an hirmaannaa hinqaban jechuudha. Ragaan afgaaffiidhaan odeefkennaa miseensaafi duree garee sanaa ta’e irraa argames kanuma mirkaneessa.

Kanaafuu, akka ragaaleen walitti qabaman dhuga’oomsanitti Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo (kan jechoota Afaan Oromoo moggaasaa jiru) haala barbaadamuun, dirreewwan qorannoo adda addaatiifi looga Afaan Oromoo adda addaa hunda bifa hammateen kan ijaarame miti jechuun ni danda’ama.

### b. Adeemsa Filannoo Jechoota Moggaasamanii

Jechoonni afaan tokkoof moggaasaman karaalee adda addaa filatamuu danda’u. Akka hayyoonni jechoota Afaan Oromoo moggaasan ibsanitti malleen lama qaba: afaanicha keessaa barbaaduufi liqeeffachuudha (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, f. 25). Akka ragaaleen afgaaffiidhaan miseensota garee jechoota Afaan Oromoo moggaasan irraa hubatametti, jechoota moggaasaman kan filatu miseensota gareeti.

Odeefkennaa keessaa inni tokko adeemsa filannoo jechoota moggaasamanii yoo ibsu, “Jechoota moggaasnu kan filannu biiroo biiroorra naannofneeti. Dura rakkina isaanii gaafanna. Jechoota akka moggaasamuuf barbaadan gaafanna,” jedhe. Kana jechuun biiroo hunda irra deemuudhaan jechoota moggaasamuu malan kan filatan miseensota garee baayyinni isaanii 18 hincaalle, kanneen ogummaan isaanii xiinqooqa yookaan naannoo xiinqooqaa ta’e jechuudha. Qajeelfamaafi karoora filannoo qabaachuudhaan osoo hintaane, dhuunfaadhaan, hanguma danda’an, akka feeteedhaan akka filatan ibsanii jiru.

Akkasumas, ragaaleen kuufatoota irraa argaman kanumaan walfakkaatu. Fakkeenyaaf, Abarraa (1991) akkaataa jechoota kunneen walitti qaban yoo ibsu, “Koreen kun adda dureen jechoota guddina afaan Oromoo ukan caabotuudhaan barruulee qormaata waaltina afaan Oromoo WIIRTUU jedhamtuun iftoomsaa tureera,” jedha (f. 188). Kunis ragaa afgaaffiidhaan argame waliin tokko jechuun ni danda’ama. Kana jechuun jechoota moggaasaaf dhi’aatan kan filatan miseensota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromooti jechuudha. Maddeen ragaalee lamaan kanneen irraa akka hubatametti malli filannoo isaanii funaanuudha.

Haata’u malee, jechoonni afaan tokkoo karaa adda addaatiin filatamanii yookaan ijaaramanii moggaasaaf dhi’aachuu ni danda’u (Yule, 2010, f. 53; Warquu, 2001, f. 199). Fakkeenyaaf, akka Antia (2000) ibsettis akkaataa maleenya tarsiimoo xiinqooqaatiin jechoonni malleen barbaaduu (Bar), hiikaa dabalataa kennuu (Hd), tishessuu (Ti), makuu (Mak), uumuu (Uum), hiikuu (Hi), madaqsuu (Mad), moggaasuu (Mog), ergifachuu (Erg) irratti hundaa’een ta’uu danda’a (ff. 39-46). Kanneen ifa hinbaane (Ih) kan jiran ta’us, jechoonni gareen kun filatee, mirkaneessee (mirkaneessisee), Wiirtuu Jildii 1-11 irratti maxxansaman bakka tokkotti walitti qabamuudhaan akkamitti akka filataman yookaan ijaaraman yemmuu qaacceessamanii, xiinxalaman haala gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniin kan argamani jechuun ni danda’ama.

Gabatee 1: Akkaataa filannoo yookaan ijaarama jechootaa moggaasamanii

Table 1: Akkaataa filannoo

| | | **Jechoota Unkaa Jechaa Qaban** | | | | | | | | | | **Jechoota Unkaa Gaalee Qaban** | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | **Wiirtuu** | **Bar** | **Hd** | **Ti** | **Ma** | **Uu** | **Hi** | **Ma** | **Mo** | **Erg** | **Ih** | **Bar** | **Hd** | **Ma** | **Hi** | **Ma** | **Mo** | **Erg** | **Ih** | |
| 1 | [Jildii 1] | 143 | 28 | 20 | | 7 | 13 | 9 | 9 | 15 | | 12 | 10 | | 38 | | | 1 | | 305 |
| 2 | Jildii 2 | 38 | 20 | 1 | 0 | | 1 | | | 1 | | 1 | 6 | | 4 | 3 | | | | 76 |
| 3 | Jildii 3 | 100 | 12 | 6 | | 2 | 4 | | 15 | 2 | 3 | 11 | 4 | | 4 | | | | | 163 |
| 4 | Jildii 4 | 103 | 8 | 11 | | 1 | | | 4 | 1 | | 4 | 1 | | 5 | | | | | 138 |
| 5 | Jildii 5 | 15 | 9 | 1 | | | | | 2 | | | 0 | | | 0 | | | | | 27 |
| 6 | Jildii 6 | 307 | 40 | 25 | | 6 | 5 | 15 | 38 | 5 | 5 | 19 | 2 | 1 | 20 | 1 | 5 | | 1 | 495 |
| 7 | Jildii 7 | 3 | 9 | 33 | | 2 | | 3 | 19 | | 1 | 0 | | | 4 | | 7 | | | 81 |
| 8 | Jildii 8 | 24 | 2 | 4 | | | 2 | 4 | 11 | 6 | 1 | 2 | | | 4 | 1 | 1 | | | 62 |
| 9 | Jildii 9 | 72 | 4 | 9 | | | 4 | 1 | 7 | | 2 | 8 | | | 16 | 1 | 7 | | | 131 |
| 10 | Jildii 10 | 165 | 10 | 46 | | 1 | 3 | 9 | 36 | 2 | 7 | 6 | | | 36 | 1 | 1 | | 1 | 324 |
| 11 | Jildii 11 | 73 | 3 | 12 | | | | 4 | 22 | | 8 | 4 | | | 28 | | 2 | | 1 | 157 |
| 12 | Jildii 12 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 | 0 |
| | **Ida'ama** | **1,043** | **145** | **169** | **0** | **19** | **32** | **45** | **163** | **32** | **27** | **67** | **23** | **1** | **159** | **7** | **23** | **1** | **3** | **1,959** |

Akkuma Gabatee 1 irraa hubachuudhaan shallaguun (herreguun) danda'amu, jechoota moggaasaman 1,959 keessaa kanneen 1,675 (%85.5) ta'an unkaa jechaa, kanneen 284 (%14.5) ta'an ammoo, unkaa gaaleeti qabu. Akkasumas, Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jechoota 1,111 (%56.71) barbaaduudhaan (looga afaanichaa keessa sakatta'uudhaan), 191 (%9.74) hiikuudhaan, 186 (%9.49) moggaasuudhaan, 168 (%8.57) hiikaa dabalataa kennuudhaan, 166 (%8.47) tishessuudhaan, 52 (%2.65) madaqsuudhaan (gara Oromoon waamuu danda'utti mijeessuudhaan), 32 (%1.63) ergifachuudhaan, 19 (0.97%) uumuudhaan, 2 (%0.1) makuudhaan, 30 (%1.53) bifa addaan baasuun isaa nama rakkisuun moggaasuu isaa xiinxala kuufatoota irratti adeemsisamee adda baasuun danda'amee jira

Akka qaaccessa kanaan hubatametti adeemsa moggaasuu keessatti tooftaaleefi maleenyi hojiirra oolan deeggaramoodha. Jechoota moggaasaman keessaa harki caalaan jechoonni 1,111 (%56.71) afaanichuma keessaa barbaadamanii moggaasamuun gaariidha (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim 1995, f. 9). Jechoonni 32 (%1.63) ergifatamuunis, erga tooftaalee biroo hunda fayyadamaniin booda ta'uu agarsiisa. Ija ogummaa moggaasa jechootaatiin yoo ilaalamu, haalli kunis cimina Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Sababni isaa qaamni kun jechoota hojiif barbaadaman Afaan Oromoo keessaa sirriitti osoo hinsakatta'in akkasumas, filannoowwan moggaasa jechootaa kanneen biroo osoo hinilaalin gara ergifannaatti fiiguu dhabuu isaati akeeka.

Akka ragaalee walitti qabaman ilaaluudhaan hubatametti jechoota afaanota biroo ergifachuu dhabuun cimina ta'us, akka kuufatoota sakatta'uudhaan adda ba'etti jechoonni kallattii adda addaatiin moggaasaman kunneen ogummoota yookaan dirreewwan kam kamiif akka tajaajilan adda hinbaanne. Kun ammoo, kaayyoo garee kanaa waliin kan deemu miti (Abarraa, 1999, f. 203). Akka muuxannoo dhaabbilee hojii Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo kanaan walfakkaatu adda addaa irraa hubatamutti, qaamoleen jechoota moggaasan jechoota dirreewwan adda addaatiif oolan adda addatti moggaasuu qabu.

Fakkeenyaaf, dhaabbanni jechoota Afaan Somaalii moggaasaa ture (kan 1972 dhaabbate), jechoota dirreewwan Qonnaa, Humna Hidhannoo, Baankiifi Maallaqaa, Kemistirii, Daldalaafi Warshaa, Qunnamtii, Barnootaa, Xiinlafaa, Afaanii, Seeraa, Herregaa, Fayyaa, Meeshaalee Biiroo, Dirree Fiiziksii, Dirree Siyaasaafi Dhimma Uummataa, Dirree Maxxansaa, Ispoortii, Magaalaafi Tajaajilaa, Konkolaataafi Qaamolee Konkolaataa, akkasumas kanneen hojii konkolaataatiin walqabatan jechuudhaan qoqqoodee akka dhi'eessaa turee ibsama (Antia, 2000, f. 19). Kanaafuu, Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo adda addatti baasee dirreewwan ogummaa adda addaatiif jechoota filachaa hinjiru jechuudha.

### c. Adeemsa Mirkaneeffannaa Ga'umsa Jechoota Moggaasamanii

Adeemsa jechoota moggaasuu keessatti hojiin jechoota filachuu yookaan ijaaruutti aanee dhufu ga'umsa mirkaneeffchuudha. Odeefkennaan Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo hundeessuu, geggeessuu, miseensa ta'uufi hirmaachuudhaan muuxannoo yeroo dheeraa qabu tokko akkaataa mirkaneeffannaa ga'umsa jechoota moggaasamanii yoo ibsu, "Jechoota filataman ulaagaa ga'umsa jechootaatiin osoo hintaane, itti yaanneetuma moggaasna. Kanaan alatti abbaan jechoota isaa didgamas, soddomas,… akkuma qabatee dhufetti waliin hojjannee ilaalamee Wiirtuu irratti ba'a," jedhe. Akka yaada kanaatti ga'umsi jechoota miseensonni garee dhuunfaadhaan guuranii dhufanii kan mirkanaa'u ulaagaaleedhaanii miti; itti yaaduu miseensota gareetiin ta'a jechuudha.

Akkasumas, odeefkennaan biraa akkaataa mirkaneeffannaa kana ilaalchisee akkana jedhe: "Ulaagaa waaltinaatiin filanna. Kamtu irra caalaa beekama kan jedhu ilaalla. Qajeelfamni kanaaf tajaajilu dur akka qophaa'e nan beeka. Amma garuu, nan dhabe. Eessa akka jiru hinbeeku. Barbaanne dhabne. Kanaafuu, amma saayinsuma isaati hordofna malee, qajeelfama hinqabnu". Akka yaada kanatti

qajeelfamni barreeffamaan taa'e kan ulaagaalee mirkaneeffannaa ga'umsa jechoota mogaasamanii ibsu ni ture. Amma garuu, badee jira. Inni badus kan biraa hinqophoofne. Kanaafuu, jechoota miseensonni garee irra caalaatti ni beekama jedhanii yaadanitu filatama jechuudha.

Akka ragaaleen kuufatoota sakatta'uudhaan argaman agarsiisanittis ga'umsi jechoota filatamanii marii miseensota gareetiin mirkanaa'a. Jechoota haarawa birookiraasii, saayinsiifi tekinooloojiif filataman yookaan ijaaraman irratti ogeessonni afaanii erga walmari'atanii, walamansiisaniin booda uummataaf raabsu (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, f. 69). Kanaafis miseensonni garee, torbee lamatti Kibxata ganama sa'aa 3:00-6:30 walga'ii taa'u (odeefkennitoota afgaaffii). Akka yaadolee kanaatti jechoonni moggaasaman kan dirreewwan qo'annoo baayyeeti. Kanneen irratti walii galanii ga'umsa isaanii mirkaneessan ogeeyyii afaaniiti. Yeroon isaan hojii kana itti hojjatanis torbee lamatti sa'aatii 3:30 qofa.

Akka ragaaleen odeefkennitoonni afgaaffii hundi kennan agarsiisanitti, hojiin ga'umsa jechoota filatamnii mirkaneessuu kanumaan dhaabbata miti. Murtii koraa waggaa waggaadhaan adeemsisamuu barbaada. Kora kanatu ga'umsa jechoota miseensonni Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo filatanii, mirkaneessaa turanii dumarratti ragaasisa. Hojiin kora kanaa kan dhumaati. Kana booda qaamni keessa deebi'ee ilaalu hinjiru jechuudha. Jechoota filataman keessaa kanneen korri raggaasise Barruulee Wiirtuu irratti maxxansama jechuudha.

Haata'u malee, jechoota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo filee, ga'umsa isaanii ofiif mirkaneessu korri haala kamiin akka mirkaneessaa ture odeefkennaan dureefi miseensa garicha ta'uudhaan waggootii 19 hojjachaa ture tokko yoo ibsu, "Dura wanti moggasamu ni moggasama. Itti aanee koraaf dhi'eessina. Korri kun 1985-1990 marsaa 6 osoo addaan hincitin waggaa waggaadhaan adeemsisame. Sana booda bifa ciccitaa ta'een adeesisamaa ture. Waggoota muraasa addaan faffagaatee adeemsisamaa ture. Erga 2005 as adeemsisamee hinbeeku. Addaan citee jira jechuudha," jedhe.

Yaada olii kana irraa akka hubatamutti bara korri adeemsisame, jechoonni Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo filate ni mirkanaa'a. Sana booda, maxxansamu. Kunis adeemsi koraatiifi mirkaneeffamuun jechootaa walitti hidhannaa qabaachuu agarsiisa. Odeefkennaan haala kana keessatti muuxannoo yeroo dheeraa qabu tokko afgaaffii dhimma kana adda baafachuudhaaf gaafatame yoo deebisu akkana jedhe: "Hojiin jechoota moggaasnee maxxansiisuu adeemsisamuu koraatiin walqabata. Jechoonni hanga ammaatti maxxansaman hundi erga koraaf dhi'aatanii maxxanfamani. Korri addaan cinnaan dhi'eessuu dadhabne. Dhi'eessuu dadhabnaan maxxansiisuus dadhabne jechuudha". Akka ragaalee kanneen irraa hubatamutti adeemsi mirkaneeffannaa ga'umsa jechoota moggaasamanii irra caalaatti adeemsisamuu koraatiin walqabata jechuudha.

Kana ta'us, ulaagaaleen miseensonni gareetis ta'ee, hirmaattoonni koraa ga'umsa jechoota filataman yookaan ijaaraman ittiin safaranii mirkaneessan kan hinjirre ta'uu ragaaleen afgaaffiidhaan walitti qabaman ni agarsiisu. Kanaafuu, ga'umsi jechoota filatamanii kan mirkanaa'u yaada walii galtee miseensota gareetiin irra ga'amuufi kan hirmaattonni kora guyyaa lama qofa

dhimmoota adda addaatiif geggeeffamu irratti walga'uudhaan kennaniin jechuudha. Garuu, akka hayyoonni ibsanitti Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo hojii mirkaneeffannaa ga'umsa jechoota filatamanii yookaan ijaaramaniitiif qajeelfama qopheessuu ni danda'a (Lafon and Webb, 2008, f. 91; Mekonnen, 2002, f. ii; Warquu, 2001, ff. 198-199). Akka hayyoota kanneeniitti ulaagaaleen ga'umsi jechoota filtamanii yookaan ijaaramanii ittiin safaramuu danda'an 11 ni ta'u. Isaanis hubatamummaa, ifummaa, qusatamummaa, miidhagina, hiika galumsaa, maxxanfannaa, baratamummaa, madaqiinsa haadhoo, madaqiinsa barreeffamaa, bakka bu'iinsaafi aadummaadha.

Akka ulaagaalee mirkaneeffannaa ga'umsa jechoota filatamanii olitti tarreeffaman kanneeniitti, Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo qajeelfama malee hojjachuun sirrii miti. Ulaagalee mirkaneeffannaa kunneen malee, akka feeteedhaan jechoota filee ga'umsa qabu jedhee mirkaneessuu yookaan mirkaneessisuun adeemsa moggaasa jechootaa duubatti harkise jira. Addaan cituun koraatis, baayyinni jechoota moggaasamanii akka hirratu taasisee jira. Sababotuma kanneeniin akaakuunis ta'e, baayyinni jechoota gareen kun moggaasee dhi'essaa jiruu xiqqaatee jira. Yeroo korri walitti fufiinsaan adeemsisamaa tures ta'ee, erga addaa ciccitee adeemsisamuu eegalee tattaaffiin garee kanaa quubsaa akka hintaane ragaaleen agarsiisan jiru.

Akka muuxannoon hojii dhaabbilee jechoota moggaasaa turanii agarsiisutti, yeroo muraasa keessatti jechoota ogummoota adda addaa keessatti tajaajilan filuun yookaan ijaaruun, ga'umsa isaanii mirkanneessanii moggaasuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, akka Antia (2000) ibsutti Kaawunsilii Biyyolessaa Afaan Siwaahilii (kan 1967 hundaa'e) qaamolee adda addaa kanneen akka yuunivarsiitiifi namoota dhuunfaa waliin ta'uudhaan afaanichaaf jechoota dirreewwan adda addaa keessatti tajaajilan moggaasaa ture. Akka ragaa bara 1976 dhi'aatetti 1970moota keessa dirree daldalaafi diinagdeetiif jechoota 438, walga'ii biyyooleessaa yookaan caffeedhaaf jechoota 274, herregaaf jechoota 132, xiinlafaaf jechoota 184, mana dubbisaafi jaldeessuutiif jechoota 122, mana hojii poostaatiif jechoota 63, saayinsiif jechoota 145, saayinsii afaaniitiif jechoota 185, qorannoofi madaallii barnootaatiif jechoota 62 akkasumas, waajiraalee ministeerotaa, dhaabbilee, muummeewwan, dhaabbilee maxxansaafi kkf jechoota 975 qopheessee tajaajilaaf dhi'eessee ture.

Haaluma walfakkaatuun, kaawunsiliin kun bara 1985 maxxansa 5ffaa irratti dirree bulchiinsaatiif jechoota 68, dirree qonnaatiif jechoota 873, dirree herregaatiif jechoota 72, dirree maashina motoraatiif jechoota 124, dirree fayyaatiif jechoota 72, dirree fiiziksiitiif jechoota 37, dirree dukkuba biqilttootaatiif, dirree bineeldotaafi ilbiisotaatiif jechoota 134, dirree xiinsammuutiif jechoota 251, mallattoolee sirna tuqaaleetiif jechoota 14 moggasee ture. Bara 1990 ammoo, jechoota 1,439 moggaasuudhaan hiika isaanii waliin maxxansiisee ture. Irra deddeebiin jiru ammam akka ta'e hubatamuu baatus, waggootii 20 keessatti jechoota 5,664 dirreewwan ogummaa 20 ol ta'aniif moggaasuu akka danda'e hubachuun nama hindhibu (ff. 21-22).

Kana malees, Akkaadaamiin Afaanota Itoophiyaa (kan bara 1972 dhaabbate) Afaan Amaaraa afaan Saayinsiifi tekinooloojii taasisuuf bara 1991 dirree qonnaatiif jechoota 894, dirree saayinsii biqiltootaatiif jechoota 1,054, dirree saayinsii bineeldotaatiif jechoota 1,140, dirree kemistiriitiif jechoota 1,335, dirree xiinmaddaatiif jechoota 1,204, dirree xiinlafaatiif jechoota 1,715, dirree herregaatiif jechoota 1,038, dirree fayyaatiif jechoota 1,415, dirree nyaataatiif jechoota 439, dirree

fiiziksiitiif jechoota 2,154, dirree istaatistiksiif jechoota 581, dirree maashina elektirooniksiitiif jechoota 1,182 akkasumas, dirree ijaarsaaf jechooata 939 moggaasee ture (Antia, 2000, f. 26). Kana jechuun yeroo gabaabduu keessatti dirree ogummaa 13 ta'anii jechoota 15,090 moggaase jechuudha.

Bu'uura kanaan yoo ilaalame, Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo waggootii 26 keessatti jechoota 1,959 moggaase (Gabatee 1 ilaali). Giddu galeessaan kan ibsamu yoo ta'e, waggaa tokko keessatti dirree qorannoo hundaafuu naannoo jechoota 75 qofatu moggaasamaa turan jechuudha. Kun immoo fedhii jechootaa dirreewwan adda addaa keessa jiru wajjiin walbira qabamee yoo ilaalame baayyee xiqqaadha. Hojiin garee kanaa fedhii fayyadamtootaa guutuufis ta'ee kaayyoolee hojii kana ilaalchisee kan Abarraa (1999, f. 203) ibse galmaan geesisuuf ga'aa miti jechuuni ni danda'ama.

Kana malees, akkuma olitti ibsame, gareen kun jechootuma moggaase dirreewwan kam kamiif akka moggaase adda baasee hinkeenye. Miseensonni dhimma kana gaafataman ragaa afgaaffiidhaaf kennan irratti akka ibsanitti, hojii kana kan hojjatu garee kana osoo hintaane Akkaadaamii Afaaniiti. Ogeeyyii sadarkaa sanaaf barbaachisan kan qabaatus isa. Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo hojii jechoota ibsee dhi'eessuutiin filannoo ta'uu malee, sadarkaa hojii jechoota ogummootaaf moggaasee, ajajaan hojiirraa oolchuu hojjachuurra hingeenye. Haata'u malee, akka Mekonnen (2002, f. 72) Sadembouo (1988, f. 5) wabeeffachuudhaan ibsutti, akka Afrikaatti hojiin kun kanuma garee kanaati. Akkasumas, qaamoleen miseensa garee kanaa ta'an aangoofi itti gaafatamummaa LQRMNOG (2008) garee kanaaf kenname sirriitti akka hinbeekne agarsiisa (f. 40). Kana irraa kan ka'e, adeemsi moggaasa jechoota Afaan Oromootiif gareen kun itti gaafatamummaa hinfudhatu jechuun ni danda'ama.

## 5.Goolaba

Akka adeemsa hundeeffama Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoottis ta'ee, hubannoon sakatta'iinsa barruulee agarsiisanitti miseensonni garichaa kanneen ogummaa adda addaa qaban ta'uu qabu. Kanneen looga Afaan Oromoo akka bu'uuraatti kaa'aman keessaa walitti baba'an ta'uunis barbaachisaa ture. Haata'u malee, kun hintaane. Akka ragaaleen meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatiin walitti qabaman agarsiisanitti miseensota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo gulaaltotaafi qindeessitoota ta'anii tajaajilaa turan keessaa %95 ogeeyyii afaaniifi aadaa, ogumaa, tiyaatiraafi qaroolaati. Hirmaannaan ogeeyyii looga Afaan Oromoo adda addaa keessa ba'anis kan walgitu miti. Fakkeenyaaf, ogeeyyiin looga Booranaa, Raayyaafi Walloo keessaa ba'an adeemsa jechoota moggaasuu keessatti hirmaannaa tokkollee hintaasisne. Kanaafuu, akkaataan ijaarama garee jechoota Afaan Oromoo moggaasuu kallattii garichi kaa'ateenis ta'ee, kallattii beektonni ibsaniin kan hojiirra oole miti.

Akkasumas, gareen ogummaa naannoo afaanii irraa looga afaanichaa muraasa keessaa ijaarame kun, jechoota moggaasu ofumaaf miseensota isaa bobbaasuudhaan filata. Miseensonni garichaatis biiroolee adda addaarra naanna'uudhaan jechoota akkuma itti dhufanitti, hanguma argatan funaananii, walga'ii torbee lama keessatti guyyaa tokko sa'aa 3:30 ta'an irratti argamu. Walga'ii sana irratti dhi'eessuudhaan kan irratti walii galan ga'umsa qabaachuu mirkaneessu. Sana booda kora waggaatti haal tokko waamaniif dhi'eessuudhaan ga'umsa isaanii mirkaneessisu. Jechoota

korri kun mirkaneessetu moggaasame jedhama jechuudha. Ta’us, gareen kun qajeelfama jechoota ittiin filatu akkuma hinqabne, kan ga’umsa jechootaa ittiin mirkanneessus ta’ee, mirkaneessisu hinqabu.

Kanaafuu, akkaataan gareen kun jechoota walitti qabee moggaasu daangaa beekumsa miseensota garee carraa argatanii keessatti kan murtaa’e jechun ni danda’ama. Dirreewwan qo’annoo adda addaa hirmaachisuu hindandeenye. Dirreewwan qorannoo adda addaatiifis jechoota moggaasuu hindandeenye. Dabalataanis, gareen kun jechoota yemmuu moggaasu yaadrimee jechoonni moggaasamaniifi kanneen moggaasamuufii qaban adda baasaa deemaa hinjiru. Jechoonni moggaasaman 3,544 keessaa 1,585 irra deebii yookaan irra deebiidhaan maxxansamuun kanaaf ragaadha. Kana irraa kan ka’e, baayyinni jechoota gareen kun waggootii dheeraa (26) keessatti filatee, ga’umsa isaanii mirkaneessee yookaan mirkaneessisee moggaasee muraasa. Jechoota 1,959 qofa: waggaatti dirree qo’annoo hundaaf jechoota 75 jechuudha.

## 5. Yaboo

Akka argannoowwan qorannoo kanaatti, adeemsi moggaasa jechoota Afaan Oromoo kan xiyyeeffannoofi birmannaa guddaa barbaadu. Kanaafuu,

A. Biiroon Aadaafi Turiizimii akkaataa ijaarsa Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ijaaruu irratti adeemsa hirmaachisummaa ogummootaafi looga Afaan Oromoo adda addaa mirkaneessuufi kaayyoolee waaltina jechootaa milkeessu danda’u osoo hordofee gaariidha.
B. Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo akkaataadhuma karoora bara dura ijaarame kaa’aniitiin ogeeyyii dirreewwan adda addaa keessa jiran waliin ta’uudhaan jechoota Afaan Oromoo osoo moggaasee waaltina afaanichaatiif bu’aa olaanaa buusuu ni danda’a.
C. Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo ga’umsa jechoota yeroo yerootti moggaasanii ilaaluudhaan qaawwaafi hanqinoota jiran furuuf tattaaffii mataa isaanii

## Wabiilee

Abarraa Nafaa. (1991). *Wiirtuu Jildii 4: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: APE.

Abarraa Nafaa. (1992). *Wiirtuu Jildii 5: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abarraa Nafaa. (1993). *Wiirtuu Jildii 6: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abarraa Nafaa (1995). *Wiirtuu Jildii 7: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee:

Abarraa Nafaa (1999). *Wiirtuu Jildii 8: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: APE

Abarraa Nafaafi Hayilamaaram Qaqqabaa. (1989). *Wiirtuu Jildii 2: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abarraa Nafaafi Gaaddisaa Birruu. (1990). *Wiirtuu Jildii 3: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abraham Tesso Nedjo, Huang, D. and Liu, X. (2014). Challenges of diacritical marker or hudhaa character in tokenization of oromo text. *Journal of Software*, Vol. 9, No. 7, July 2014.

Almaz Wasse Gelagay (2018). The challenges of language standardization: The case of Gamo. A dissertation submitted to the department of linguistics and philology. Addis Ababa University. Addis Ababa, Ethiopia.

Antia, B. (2000). *Terminology and Language Planning: An Alternative Framework of Practice and Discourse*. America: John Benjamins B.V.

Baye Yimam. (1992). (Ethiopian) writing system. Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia: Ethiopians.con/bayeyima.html.

Desalegn Leshyibelu Gelaglie. (2020). Standardization of Oromo: Orthographic and lexical perspectives. A dissertation submitted to the department of linguistics and philology. Addis Ababa University. Addis Ababa, Ethiopia.

Dirribaa Tarrafaa. (2006). *Wiirtuu* Jildii 11: *Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfiinnee: AMPP.

Federal Democratic Republic of Ethiopia Population Census Commission. (2008). Summary and statistical report of the 2007 population and housing census. Addis Ababa.

Haliimaa Mohammediifi kaawwan. (1995). *Wiirtuu Jildii* 1**:** Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Artistikii.

Haugen, E. (1966). Linguistics and language planning. In Dil. (ed$^{n}$.). (1972). *The Ecology of Language*, 159-190. Stanford: Stanford University Press.

Kebede Hordofa. (2009). *Towards the genetic classification of the Afaan Oromoo dialects.* Published PhD Thesis, Department of Linguistics and Scandinavian Studies: The University of Oslo, Norway.

Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gurmeessuu (LQRMNOG). (2008). Labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi hojii isaanii murteessuuf bahe, lak. 199/2008.

Lafon, M. and Webb, V. (2008). The standardisation of African languages. IFAS, pp.141, Nouveaux Cahiers de l'Ifas, Aurelia Wa Kabwe Segatti. halshs-00449090.

Mekonnen Hundie. (2002). Lexical standardization in Oromo.Addis Ababa University MA Thesis. (Unpublished).

Mekuria Bulcha. (1995). Onesimos Nasib's pioneering contributions to Oromo writing. University of Uppsala, Sweden. *Nordic Journal of African Studies* 4(1): 36-59.

Mohammed Hassen. (2010). 'Orature, resistance, and nationalism: A historical overview of the development of written Oromo literature' in the *Journal of Oromo Studies*, (Vol. 17, No 1).

Nuraddin Aman Jarso. (2012). Philological inquiry on the history manuscript of šayẖ Bakri Saphalo (Abubakar ŸUsmān) (1895-1980) Kitab Irsal As-sawarīkh ýIlā Samāý At-tawārīẖ fi kašf Ÿan tārīẖ Oromo. Addis Ababa University (Unpublished MA Thesis).

Sadembouo, E. (1988). The constitution and function of a language committee and the choice of a reference dialect, presented to the round table on, assuring the feasiibility of standardization within dialect chains. The Netherlands: Noordurjkerhout.

Samuel Handamo Godisso. (2017). Contrastive analysis of lexical standardization in Amharic and Hadiyya. A dissertation submitted to the department of linguistics and philology. Addis Ababa University. Addis Ababa, Ethiopia.

Samuel Leykun & Welde Eshete. (2017). Critical analysis of the diacritic /'/ in Afan Oromo. *Ethiop.j.soc. lang. stud.* 4(1), 101-114. eISSN: 2408-9532; pISSN: 2412-5180.ISBN:978-99944-70-78-5. Web: Address: http://www.ju.edu.et/cssljournal/.

Tekabe Legesse. (2010). Analysis of appropriateness and usage of physics terms in grade seven and eight students' physics textbooks: focus on Oromo. A Thesis submitted to school of graduate studies addis ababa university in partial fulfillment of the requirements for the degree of masters of arts in linguistics (unpublished).

Tilahun Negash. (2015). Homorganic nasal assimilation in Arsi-Bale Afan Oromo: A non-linear phonology. *Humanities and Social Sciences*.Vol. 3, No. 4, 2014, pp. 240-248. doi: 10.11648/j.hss.20150304.13.

Tilahun Negash Mekuria. (2018). Some aspects of morphophonemic phenomena in Arsi-Bale Afan Oromo: The perspective of non-linear phonology: A dissertation submitted to the graduate school of Addis Ababa University in partial fulfillment of the requirements for the degree of doctor of philosophy in general linguistics.

UNESCO. (2005). Guidelines for Terminology Policies. Formulating and implementing terminology policy in language communities / prepared by Infoterm. – Paris: ix, 39 p.; 30 cm. (CI-2005/WS/4).

Valeontis, K. and mantzari, e. (2006). the linguistic dimension of terminology: principles and methods of term formation. 1st athens international conference on translation and interpretation translation: between art and social science, 3 -14 October 2006.

Warquu Dachaasaa. (2001). *Wiirtuu Jildii 9: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: CPE.

Warquu Dachaasaa. (2005). *Wiirtuu Jildii 10: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: BPE.

Wondimu Tegegne. (2016). The Development of written Afan Oromo and the appropriateness of qubee, Latin script, for Afan Oromo writing. historical research letter www.iiste.org ISSN 2224-3178 (Paper) ISSN 2225-0964 Vol.28.

Wondimu Tegegne. (2019)**.** The politics of qubee in Ethiopia: Rationales and Criticisms to the adaption of qubee as an official orthography of Afaan Oromoo.*Gadaa Journal/Barruulee Gadaa: A Bilingual Journal of the Institute of Oromoo Studies (IOS) Jimma University*, Vol. 2 No. 1 https:journals.ju.edu.et.

Wolff, H. E. (2017). Language ideologies and the politics of language in post-colonial Africa.*Stellenbosch Papers in Linguistics* Plus, Vol. 51, 2017, 1-22 doi: 10.5842/51-0-701: http://spilplus.journals.ac.za

Wolff, H. E. (2000). Language and society: In Nurse, D. and Bernd H. *African Languages, An introduction*. *Cambridge* university press.

Yule, G, (2010). *The study of language (4th ed.)*. UK: Cambridge University Press.